



**Qajeelcha Poolisii Minneapolis  
Maanu'aalii Himaammataa fi Adeemsaa**

Lakkoobsa:  
8-300

**Jildii Saddeet - Dargaggoota – Himaammataafi Tarsiimoo**

**Hojimaata Hidhaa Dargaggootaa**

**8-306.01 Dargaggoota Dhiibbaa Jala Jiranii fi Dargaggoota Yakkamtoota  
Sadarkaa Gadi aanaa Xiyyeeffannoo Yaalaa Barbaadan  
(10/07/08)**

(A-D)

Dargaggoonni ulaagaa galmee JDC hin guunne (kutaa 8-301 Ulaagaa galmee JDC ilaali) fi dargaggoonni kunuunsa yaalaa barbaadan wal'aansa fayyaa booda gara warra/guddistuu seeraatti deebi'uu ni danda'u, yoo:

1. Dargaggeessi sun himata/Ajajaj Hidhaa fi To'annaa Dargaggootaa irraa qulqulluu ta'e
2. Dargaggeessa sana sirnaan adda baafachuun yoo dandaa'ame.
3. Dargaggeessi sun ofii isaatiifis ta'e namoota biroof balaa hin uumu yoo ta'u.
4. Qondaaltonni hidhan hayyama supparvaayizaraa yoo argatan
5. Qondaaltonni hidhan yoo barbaachisaa ta'e/yeroo danda'ametti kutaa qorannoo dhimmi ilaalu yoo beeksisuu danda'an.

Qondaaltonni gabaasa CAPRS dargaggeessi madaallii yaalaaf gara HCMC (ykn hospitaala naannoo biroo) akka geeffamee fi erga wal'aansa xumuree booda dargaggeessi sun warra/guddistuu seeraatti kennamuusaa hayyamni dhaabbata yaalaa akka kenname agarsiisu guutuu qabu. Qondaaltonni hanga warri/guddistuu seera qabeessa ta'e dhufutti dargaggeessa sana bira turuun hin barbaachisu.

Dargaggeessi gamaaggama yaalaa ykn wal'aansa fayyaa hordofee gara Giddugala To'annoo Dargaggootaatti (JSC) yoo geejjibsiifame, yeroo JSC seenu unkaan gadhiifamuu yaalaa barbaachisaa ta'e (mana yaalaatiin kenname) dargaggeessa sana waliin jiraachuu qaba.

Qondaaltonni haalawwan bu'uura dargaggeessa kana Qabduu Fayyaa fi Walgargaarsa Sa'aatii 72f kaa'uu barbaachisan yoo beekan, qondaalli akkaataa kwt 8-205 Qabeenya Fayyaa fi Walgargaarsaa – Dargaggootaatiin qabannaa sana ni kaa'u.

Haala hunda keessatti, qondaaltonni yakkamtoota yakka guddaa fi yakka cimaa dalagan hunda suuraa fi ashaaraa qubaa akka ka'an carraaqqii sababa qabeessa gochuu qabu (kutaa 8-109 Ashaaraa qubaa fi Suuraa Dargaggoota ilaali).